Seattle Ethics & Elections Commission

Kadhimamaa Beeksisuu

Maqaa Kaadhimmamaa: Bruce Harrell
Maqaa Duulaa: Bruce Seattle dhaaf
Marsariitii Duulaa: BruceForSeattle.com
Gita Hojii Magaalaa: Kantiibaa
Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa: (206) 486-0377
Kaadhimmamaa Beeksisuu:
Seattle dhimma gatii carraa, dabaliinsaa fi haqummaa waloo irratti tokkomsuufin Katiibaa dhaaf dorgomaa jira. Waliin tahuu dhaan dhaba mana jireenya balleesuuf, daldala xixiqqaa fi maatiwwan Seattlef dandamata dinagdee cimaa gaggeessuu fi fooyya'iinsa polisii kan aadaa poolisaa jijjiiru hojiirra oolchuu, qofa miti gocha baramoo nageenyi maatii MARTI eeggamuu mirkaneessuu.

Sadarkaa hiyyeesummatti, maatii sanyii gara garaa keessattin gudadhe, jiruu fi hojii kee Seattle keessatti dabarse Magalaa tana nan jaalladha— eenyu akka taanee fi eenyu akka ta'uu dandeenyu. Mana marii magaala irratti, gufuu milkii diiguuf irrati hojjadheera—seeroota poolisa kan farra-loogii Seattle isa yeroo duraa dabarsuu, loojii iddo hojii hambisuu dhaaf sanduuqa-dhoowwuu, fi manneen barnoota hawaasaa kenya keessatti deeggarsa ijoollee BIPOC dabaluu.

Duula kiyya dhimmoota Seattle kan onnachiisaa ta'e furuuf karoora raawwatamaa wajjiin jalqabee balaa haala qilleensaa iratti tarkaanfanne, jeequmsa qawwee hir'isuu, jiraattoota Seattle HUNDAAF eegumsa fayyaa babal'isuu, fi misooma goree fi geejjibaa irratti baasii-baasuu.

Hiddi duula keenyaa boonaan qaadhimaamtoota kantiibaa kamiyyuutiin dorgomaa walitti dhufeenya bayyee adda ta'ee kan hoggantoota hawaasa gurrachaa fi AAPI, bulchaa duraanii Gary Locke, kantiibaa duraanii Norm Rice, abukaattoo mirgoota lammiiwwaniiti fi fooyya'iinsa poolisii, akkasumas olloota Seattle hundaa of kessaa qabuun deeggarame dha. Deggersa keessan argchuun anaaf kabaja dha.

Kaadhimmamaan kun Sagantaa Vaawuchara Dimookiraasii (Democracy Voucher Program) keessatti hirmaachaa jira.

Seattle Ethics & Elections Commission

Kadhimamaa Beeksisuu

Maqaa Kaadhimmamaa: Lorena González
Maqaa Duulaa: Lorena Siyaatiliif
Marsariitii Duulaa: www.Lorenaforseattle.com
Gita Hojii Magaalaa: Kantiibaa
Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa: 206.651.5668
Kaadhimmamaa Beeksisuu:

Ani dhaloota jalqabaa Ameerikaa hojjatoota qonnaa baqatootaan giddu galeessa Waashingtan itti guddifameedha. Akkauman guuddachaa dhufeen, Seattle abjuu koo turte akkasumas koolleejjiitti yeroon hojjechu ofii koo kenneen, Univarsiitii Seattle irraa seeraan digirii argadheera, kanaanis abukaatoo mirgoota namooomaa, ta'uun maatii koo asitti eegaleera.

Mana marii magaalatiif dorgomeen kaffaltii yeroo boqonnaa dhukkbbii dabarsuu fi pre-K fi miroota LGBTQ baldhisuu, tika hubamtoota darara walqunnamtii saalaa, fi gargaarsa golfaa hojjatoota fi daldala xixiqaaf namoota walitti fidee hojiitti seene.

Seattle daandiiwwan qaxxaamuraa murteessaa irra jirti, akkasumas haala amma jiru irra ooluf karaa badhaadhina Siayaatil waloo fi qoodatanii diriirsan hojii jabaa tarkanfataa ta'ef yeroon amma. Seattle iddoo garaagrummaan cimina keenya ta'etti hojiilee gosa garagaraa hundi guddachuu ni danda'u, akkasumas hojiileen keenya kaffaltii jireenyaa ni kaffalu. Seattle haala qilleensaa keenya eeguun addunyaa dursaa jiru has ummatoota isaa hundumaaf manneen of eeggannoo qabuu fi gatii gaariin dhiyaate ni qaba akkasumas hadhawwan yakkaa fi of eeggannoo ummataa jijjiiruun yeroo mirgoota namoomaa kana guutuuf kan hojjetuudh.

Kaadhimmamaan kun Sagantaa Kaardii Dimookiraasii (Democracy Voucher Program) keessatti hirmaachaa jira.

Seattle Ethics & Elections Commission

Kadhimamaa Beeksisuu

Maqaa Kaadhimamaa: Ann Davison
Maqaa Duulaa: Olloota Ann
Marsariitii duulaa: https://www.neighborsforann.com/
Iddoo Magaalaa: Abbaa Seeraa Magaalaa
Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa: 206-775-8838
Kaadhimamaa Beeksisuu:

Ani Abbaa Alangaa Magaalaa Seattle tiif dorgoma magaalattiin keenya fedhii bu'uuraalee namoota caalmaatti saaxilamoo fi fayyaa fi nageenya hawaasaa keenyaa eeguu waan hin dandeenyeef kan wajjiin dirqama walitti araaramuu qabdi.

2008 keessa, gara mana murtii magaalattii keessa deemun nagaa ture. Yeroon ani daa'ima koo lammaffaa argadhu 2011 keessa, daandiiwwan keenya baayyee rakkisoo ta'aa dhufan. Amma, hojjattootni fi abbootiin murtii seensa jalqabaa akka hin fayyadamne itti himamee jira, karaan suni nagaa waan hin qabneef. Wanti wal fakkaataan waa'ee olloota keenya hedduu jedhamuu ni danda'a.

Daa'imman koo namootni maaliif daandii Seattle irra akkaataa rakkisaa, kan kaampii baqattootaa namoota waraana baqa dhufan keessa jiraatan irraan gadi bifa ta'een maalif akka jiraatan gaaffii gaafachuu jalqabanii jiru. Daa'immaniiyyuu wanti magaalaa keenya keessatti ta'aa jiru sirrii akka hin taane ni hubatu.

Hoggansa madaalawaa yakka irratti nu cimsu nan kenna: *Si'aawaa ittisaa kan hin taane.* Hogganaa gargaarsa, jijjiirama barbaadu fi hariiroo deeggarsaa kan magaalaa fi nannoon keenya akkaataa itti wajjiin hojjatan irratti gargaaru dhiheessu ta'een hojjadha.

Hidhata fayyaa fi nageenya hawaasaa kana suphuudhaan, haala fooyya'ina magaalaa keenya keessa itti jiraachuun danda'amu irratti ni hojjanna. Filannoo keessaniin, magaalaa nagaa, caalmaattii fudhatama qabeettii taate ni uumna.

Kaadhimmamaan kun Democracy Voucher Program keessatti hirmaachaa jira.

Seattle Ethics & Elections Commission

Kadhimamaa Beeksisuu

Maqaa Kaadhimamaa: Nicole Thomas- Kennedy
Maqaa Duulaa: NTK4Justice
Marsariitii duulaa: https://ntk4justice.com/
Iddoo Magaalaa Abbaaseeraa Magaalaa
Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa:
Kaadhimamaa Beeksisuu:

Seattle karoora haqaa fi nageenya hawaasaa haaraa; kan hiyyummaa fi qaama miidhamummaa yakka taasisuu kan dhaabu fi hawaasa fayya qabeessa hunda galeessa irratti hojjachuuf qophiidha. Magaalaan teenya Abbaa Alangaa yakka xixiqaa akkasii adabuun hawaasa loogummaa Seattle tiin durumaa jeeqame akka daran tasgabbii dhoorkatu hubatu barbaaddi. Adabbiin hawaasa keenya nagaa qabeessa hin taasisne, fi garuu, magaalattiin waggaa hundaa namoota mana hin qabne, BIPOC, hiyyeeyyii, fi miseensota magaalattii qaama miidhamtoota adabuu irratti miliyoonota balleessa. Kun yeroo kan jijjiiramaati.

Utubduuwwan qaraa kan kormaanaalee durii irraa adda ta'antu nu barbaachisa. Kufaatiiwwan haala hojiitiif namoota dhuunfaa adabuudhaaf maallaqa balleessuu irra, ani haala bulmaataa Seattle akka fayyaa, nageenya, naannoo fi nagummaa hawaasaa waliigalaa irratti akka hojjatu irrattan xiyyeeffadha. Mirga kireeffattootaa fi hojjattootaaf, manneen jireenyaa madaalawoo fi bosbosa irraa kan fayyadamaniif nan falmadha.

Seattle yoo nuti namoota saaxilbahoo dararuu fi hidhuu dhaabnedha kan ishiiin nagaa ta'uu dandeessu. Akka Abbaa Alangaa Magaalattiitti, mala hojii akka hin hojjanne nuti beeknu ni buqqisna. Hidhaa jimlaa ni dhaabna, bakka sanaatti, fedhiiwwan bu'uuraa namoomaa ni dhiyeessina. Kana gochuudhaan, Seattlef bu'uura haqaa fi dhugummaa ijaaruudhaaf barbaachisaa ta'e ni ijaarra.

Kaadhimmamaan kun Democracy Voucher Program keessatti hirmaachaa jira.

Seattle Ethics & Elections Commission

Kadhimamaa Beeksisuu

Maqaa Kaadhimamaa: Kenneth Wilson
Maqaa Duulaa: Ken Mana Maree Magaalaatif
Marsariitii Duulaa: KenForCouncil8.com
Iddoo Magaalaa: Iddoo Mana Maree Magaalaa 8
Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa: 206-637-4994
Kaadhimamaa Beeksisuu:

Manni maree karaa dogongoraa irra adeemaa jira. Namootni siyaasaa keessa amma jiran rakkoo mana dhabdummaa dabalaa jiruuf furmaata hin argineef, rakkoo dandii fi bu'uuraalee, fi cufaatii hojii fidanii jiru. Ani sagalee keessan isin gaafachaa kanin jiru rakkoolee amma sababa rakkina bulchiinsa dogongoraatin dhufe kana akka furuuf.

Haaridhaan, Ani magaalaan jidduun akka seera dhabeettii fi jibbisiisaa taate argee jira, deebisaan 911 yeroon isaa dabalee jira, qondaalli poolisaa gaariin akka hojii isaa gadi dhiisu dirqamee jira, fi Lixni Seattle bulchiinsia sirrii hin ta'in kanaan bu'uuraalee hojjatamaniin magaalaa irraa adda citee jira. Rakkoon mana dhabdummaa keenya cimaa fi gargaarsa kan hin argatiniidha, manneen barnootaa fi paarkiiwwan hojjataman jiddugala araadaa fi dhukkubbii sammuu ta'anii jiru. Guddina haaraa kamiin wajjiiniyyuu wal simuu tasuma hin dandeenye, manneen kiraa madaalawaa wajjiin maneen waliinii kan shan wajjinitti jijjiramanii jiru

Ani jiraataa Seattle ganna 28ti, Jaartii fi ijoolleen dubaraa tiyya lamaan asitti dhalatan. Ani nama riqicha ijaaruu irratti ogummaa qabu (PE SE) kan hojii dhuunfaa bara 2005 irraa kaasee qabuudha. Akka miseensa mana maree keessanitti, dandeettii injanarummaa kiyya kan waggaa 30 ijaarsa geejjibaalee fi buuuraalee hojjachuudhan gabbifadhe kan qorannoo irratti manni maree ciminaan akka hojjatuuf nan kakaasa. Ani ogummaa Seattle magaalaa akka nutii barbaannu taasisuuf oolu nan qaba.

Kaadhimmamaan kun Sagantaa Kaardii Dimookiraasii (Democracy Voucher Program) keessatti hirmaataa hin jiru.

Kadhimamaa Beeksisuu

Maqaa Kaadhimamaa: Teresa Mosqueda
Maqaa Duulaa: Namootni Teresa dhaaf
Marsariitii duulaa: TeamTeresa.org
Gita Hojii Magaalaa: Mana Maree Magaalaa Seattle Bakka 8
Lakkoofsa Bilbila Duulaa:
Kaadhimmamaa Beeksisuu:

Magaalaan keenya daandii qaxxaamuraa irra waan jirtuuf deebisee dorgomuuf murteesse. Nuti, kanneen Seattle keessatti hojjannu, jiraannu fi daawwannu kanneen qoqqooddaa hawaasaa akka amannutti nu geessan caalaa waan hedduu wajjiin qabna. Yeroo kiyya Mana Maree keessatti, dhaabbatoota garagaraa hedduu poolisii jijjiiramaa hedduu akka dabarsaniif walitti fidee jira. Domestic Workers Bill of Rights dabarsuu irraa jalqabee hanga karoora galii JumpStart Seattle wantoota wal hin fakkaanne walitti fiduudhaan waliin saganteessuutti Seattle akka waan waliin qabnu sirritti agarsiistu taasisnee ijaaruu irratti hojjannee jirra.

Ogummaa kootin namni kamiiyyuu akka hin irranfatamne ykn duubatti hin hafnetti irratti hojjadhee jira. Maati hojjatan, dubartoota, namoota bifa adda addaa qaban, koolugaltoota, fi namota galii xiqqaa qabandhimmootni rakkoo isaan irratti fidan akkaataa itti furamuu danda'an irratti hojjadhee jira. Gargaarsa keessan itti fufaadhaan, ollootni keenya COVID weerara fayyaa hawaasaa fii hir'achuu dingadee irraa akka bayyanatan gargaaruu fi rakkoo mana dhabdummaa fi manneen madaalawoo dhageessisuu; carraa barnootaa fi eegumsa daa'immanii hedduu uumuu, carraa hojii galii gaarii uumuu, fayyaa keenya, geejjibaa fi bu'uuraalee irratti invasti gochuu ni gargaarra. Vaawucharoota dimokraasii naaf kennuuf yaaduu keessaniif galatoomaa – vaawuchara vaawucharaan, nama namaan, Seattle jabduu taate haa ijaarru.

Kaadhimamaan kuni *Democracy Voucher Program (*Sagantaa Vaawuchara Dimokraasii) keessatti hirmaachaa jira.

Seattle Ethics & Elections Commission

Kadhimamaa Beeksisuu

Maqaa Kaadhimmamaa: Nikkita Oliver (isaan/isaani/kanisaanii)
Maqaa Duulaa: Nikkita for the People
Marsariitii Duulaa: www.nikkita4nine.com
Gita Hojii Magaalaa: Mana Marii Magaala Seattle Gita-hojii 9
Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa: (206) 712-2778
Kaadhimmamaa Beeksisuu:
Balaan kanan dura argame hin bekne deebisaa jijjiiramaati barbaada. Furmaatawwan jijjiir amaa baayyeen kan dhufan balaa nu mudataniin namoota baay'ee dhibbaa irra qaqabeerraati.

Ani dhaadheessitu, barsiistu, artiistii, qindeessituu hawaasaa, fi abukaattoo dha. Ani kireeffattuu dha. Kooleejii, mana barnoota seeraatii fi mana barnoota eebbaa keessa hojjadheera. Tasgabbii manaa dhabuun konkolaataa kiyya keessa rafuu mudadheera. Akka midhamtuu lola mana keessatti irraa'haftuutti, haala hamaa keessa turuun maal akka ta'e ni beeka sababni isaatis manni gatii salphaa hin jiru akkasumas namni yaammattu hin jiru. Ani abbaa taayitaa tol-hojjattuu adda-durummatti tajaajila kennu jalqabdedha. Akka abukaattootti maammiloota kiyya qoodamiinsa mana barumsaarratti, ari'amiinsa mana barumsaarrattii fi dhimmoota qoodamiinsaa irratti gargaareetiin jira.

Sagantaawwan kalaqoomaa iddottii deebisaa haqaa (RJ) — Uumaa Haqaa nannoo keenyaa jiran keesssaa tokkoo dhaabuuf gargaareera. King County keessatti qaama istiraateejii RJ guddachaa jiruu kan akka hawaasa haarawa kan karaalee hawaasa haara'oomsaa baratanii fi wiirtuu milkaa'ina dargaggootaa (YAC) dandiiwwan-irra darbiinsaa Hawwaasaatii [new community-led Restorative Community Pathways and the Youth Achievement Center (YAC)] Amanamummaa Lafaa Haawaasaa Magaala-Afrikaa (Community Passageways and Africatown Community Land Trust) wajjiin ta'uun itti fufeera. YACn dargaggoota SE Seattle keessa jiraaniif manneenii fi tajaajiloota bilisaa fi gatii gadii annaa qabu gamtaan ni dhiheessa.

Hojiiniin hojadhu kan jiruu kootii fi muxannoo oogummaa kootirratti hundaa'e dha, garuu hundarra hawaasa dhibbaan bayyee barbaachisoon irratti godhamee keessatti fi wajjiini kan gaggeeffamu.

Kaadhimmamaan kun Sagantaa Vaawuchara Dimookiraasii (Democracy Voucher Program) keessatti hirmaachaa jira.

Seattle Ethics & Elections Commission

Kadhimamaa Beeksisuu

Maqaa Kaadhimmamaa: Sara Nelson
Maqaa Duulaa: Sara Mana Marii Magaalatiif
Marsariitii Duulaa: Saraforcitycouncil.com
Gita Hojii Magaalaa: Mana Marii Magaala Seattle Teessoo 9
Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa: (206) 910-8762
Kaadhimmamaa Beeksisuu: Seattle magaalaa dinqisiistuu, kan carroomtedha. Qabeenyawwan dinqisiisoo fi olloota dhugaadhan wali kunuunsaniin badhaafamneeti jirra. Garuu yeroowwan rakkisaan kan nu qunnaman yoo ta'u magaalattiin dhiyeessa hin jirtu – tajaajilawwan bu'uuraa illee jechuudha. Mana marii magaalaatii waantin dorgomuuf jireenawwan lamiilee Seattle waliin dalaguun bu'aawwan safaramuu foyyeessuu akka dandeenyu waanan beekuf.

Yeroo dhibee COVID irraa fayyinutti haalota ollummaawwan keenya deebisuu dandeenyu irratti gaggeessummaa nu barbaachisa. Akka hundeessaa waliinii daldala xiqqaa maatiitti tasgabbaa'ina hawaasa jalqabaa irraa kaasuun akkamitti akka ijaaran nan beeka. Fremont Brewing irratti hojjettoota keenyaan wanta sirrii ta'e hojjanne, hawaasichaaf deebisnee nikennina, akkasumas idustirii haalaa itti fufiinsa qabuun ni gaggeessina. Dabalataan biiraa gaarii ni hojjenna!

Warreen mana dhabummaa fi tajaajilawwan bu'uuraa irratti haasawa hedduu argine garuu bu'aawwan gahaa miti. Ani yeroo hundumaa wantoota hojjechuu irratti xiyyeeffannoo kan kenna. Mana marii magaalaatti gorsaa imaammataa ta'uu kootiin seera Seattle imaammata naannootiin dursaa biyyaa akka taatu godhu barreesseera. Akka miseensa mana marii keessaniitti daandiiwwanii fi riqichawwan keenya nan hojjedha, paarkiiwwan keenya nan eega, baay'ina namootaa mana dhabumman jiraatanii nan hir'isa, akkasumas bulchiinsa magaalattiitiif abdatamumma nan deebisa.

Kun yeroo magaalaan keenya gar wantoota bu'uuratti deebituu fi wantoota waadaa galaman dhiyeessituudha Mana marii magaalatiif Sara Nelson filadhaa!

Kaadhimmamaan kun Sagantaa Kaardii Dimookiraasii (Democracy Voucher Program) keessatti hirmaataa hin jiru.